TALAALLII COVID -19 IRRATTI YAADOTA SIRRII HIN TAANEE (GOWWOMSAA) IRRAA OF EEGGADHU

Yaadagowwomsaa ta'uusaa akkaataa itti baruu dandeenyu:

Odeeffannoo dhuunfaa keessanii yookaan kaardii liqaa keessan isin gaafatu.

Qajeelchi Fayyaa Minnesota fi namooti eegumsa fayyaaf gargaarsa kennan menesootaa talaallii COVID-19 isinii kennuuf, isin quunnamanii odeeffannoo kaardii keessan kan dhuunfaas ta'e kan liqaa, akkaawntii baankii yookiin inshuuraansii hawaasummaa gonkumaa isin hin gaafatan.

Talaallii kana isinitti gurguruuf isin gaafatu.

Talaalliin kun tola kennama.

Talaallii kana gatii gadi bu'aan isinitti gurguruuf namni isinii bilbilu yookiin karaa 'email' namni isin quunnamu yoo jiraate, kun karaa sirrii hin taane yookiin gowwomsaa dha. Inshuuraansii qabaattanis dhiiftanis, akkaataan baqattummaa keessanii waama fedhellee yoo ta'e, talaalliin kun tola kennama.

Talaallii kana isinii erguuf yaada dhiheessu.

Talaallii kana karaa ogeeyyii fayyaa qofa argachuu qabdu. Talaalliin kun kallattiin isiniif hin ergamu.

Waantoti gowwomsaa ta'an isinitti mullisan jiraannaan, gonkumaa deebii hin laatinaa.

Gamagowwomsaatiin Komii qabdan Waajjira Abbaa Alangaa Menesootaatti galmeessisuu dandeessu www.ag.state.mn.us/Office/Complaint.asp.

MINNESOTA | STAY SAFE MN

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000 | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975
Bifa biraatin gaafachuuf health.communications@state.mn.us qunnami. | 02/12/2021 (Oromo)